**YAADACHIISA BARBAACHISOO VAAYIRASII KORONAA (COVID-19) IRRATTI HUNDAA'UUDHAAN BAQATTOOTAA FI KOOLU-GALTOOTA NAANNAWA MAGAALAA JIRAATAN HUNDAAF**

**(Kan kenname: 09 Waxabajjii 2020)**

Mootummaan Keeniyaa **uggurawwan sochii** hanga tokko salphiseera, haata'u malee, vaayirasiin koronaa (COVID-19) irra caalaa akka hin babal'anneef ammallee tarkaanfileen baay'ee ni jiru, addatti:

- *Guutuu biyyaatti **barfannaa sa'aatii galgala 9 fi ganama sa'aatii 4 gidduu**. Sa'aatiin barfannaa **ammaa hanga 6 Adoolessa 2020 tti hojii irra oola.***
- *Sochiin **Naannawa Naayiroobii Metropoolitan,** akkasumas **kaawontiiwwan Mombaasaa fi Manderaa** keessa seenuu fi ala bahuun hin jiru. Uggurri kun hanga **6 Adoolessa 2020** tti hojii irra oola.*
- *Sochiin seenuu fi bahuu kan **kaampii baqataa Kaakumaa fi Dadhaab** keessaa akka hin jirretti itti fufa.*
- ***Daangaawwan Itoophiyaa, Somaaliyaa, Sudaan Kibbaa, Taanzaaniyaa fi** Ugaandaa waliinii ittuma fufee sochii namootaaf **cufaadha**.*
- *Uggurri sochii kan **Eastleigh** Naayiroobii keessaa fi **Old Town** Mombaasaa keessaa, akkasumas kaawontiiwwan Kwaalee fi Kiliifii **kaafameera**.*

Lakkoofsi namoota COVID-19'n qabamanii dabalaa jira, akkasumas tatamsa'ina ittisuuf ofiikeessan **qajeelfamootaa fi uggurawwan** Mootummaa Keeniyaa **hordofuun** baay'ee barbaachisaadha. Kana jechuun, Qabatamaan:

- *Yeroo hundaa saamunaa fi bishaaniin **harka keessan dhiqadhaa.***
- ***Maaloo yoo baay'ee barbaachisaa ta'e malee guyyaa hin deddeemiinaa.** Yoo ala bahuu qabdu ta'e, **bakkeewwan namootni walitti qabaman** hundatti **haguugguu afaaniifi funyaanii godhadhaa** akkasumas yeroo hundaa **waraqaa ragaa kan galmee of harkatti qabadhaa.***
- ***Walitti qabama namootaatti hin hirmaatiinaa yookiin walitti hin qabiinaa.** Yoo walitti qabama namootaa irratti argamuu qabdu ta'e, kan akka sirna awwaalchaa yookiin cidha, **walitti qabama sana keessa namoota 15 ol argamuu dhiisuu** mirkaneeffadhaa. Uggurri kun hanga **06 Adoolessa 2020** tti hojii irra oola.*
- *Tarii Mootummaan bakkoota garaagaraatti tatamsa'ina COVID-19 to'achuuf **qorannaa** yoo gaggeessa ta'e akkasumas bakka akkasii yoo jiraattan, **maaloo hojjettoota Ministeera Fayyaa irraa dhufan waliin tumsaa.***

Tarkaanfilee kunneen **nageenyaa** fi **faayidaa mataa keessaniif**i. Dabalataan, akkasumas akka COVID-19 hin tatamsaaneef gahee keessan bahattu. Garuu maaloo hubadhaa tarii kallattiiwwan kunneen yoo hin hordoftan ta'e yaadawwan duubaan dhufan kan dabalatu ni jiru:

- *Hawaasa keessatti haguugguu fuulaa yoo hin godhanne, **hanga 20,000 KES adabamuu** dandeessu akkasumas hanga ji'oota jaha **hidhamuu** dandeessu yookiin lamaan isaa.*
- *Yoo bakka walitti qabama namootni 15 ol itti argaman irratti hirmaattan yookiin yeroo sa'aatiiwwan darbiinsaa sochii gootan yookiin gara kaampii baqataa Kaakumaa yookiin Dadhaab keessatti yookiin alatti imaluuf yaalii gootan **hidhamuu** dandeessu; akka filannaatti, Mootummaan **bakka qofaa tursiisuun** mijaa'etti baasii keessaniin guyyoota 14 tiif isin tursiisuu danda'a.*

Yeroon kun nama kamiif iyyuu salphaa miti.Gargaarsa yoo isin barbaachise, maaloo **kanneen itti aanan lakkoofsota gargaarsa balaa tasaa** ilaalaa:

| | |
|---|---|
| ***Balaawwan Tasaa Galmeef/Waraqaa ragaaf:*** Refugee Affairs Secretariat Shauri Moyo: 0772057770 | ***Sarara-gargaarsa UNHCR***: 0800720063 (tollfree) |
| ***Balaa Tasaa Fayyaatiif:*** NCCK 0704873342 / 0723281352/ 0723281362 | ***Dhimma NHIF-walqabateen(National Hospital Insurance Fund):***0740049502 |
| ***Balaa-tasaa seeraatiif (hidhamuu,rakkoo poolisa waliin):*** Kituo cha Sheria 0720806531 | ***Balaa-tasaa Jireenyaatiif:*** Danish Refugee Council 0800720181 |
| ***Sarara Gorsi Itti Kennamu:*** 1190/ 1199/ 0721 336017 | ***Sarara Eegumsa Daa'immanii:*** 116 |
| ***Sarara miidhaa saala irratti hundaa'e:*** 1195/ 0800720501 | |

COVID-19'n kallattiidhaan nama qabame irraa karaa coccobaan(qufa'uun/haxxiffachuun); alkallattiin karaa tuttuqaa bakka wantoota namni dhukkubichaan qabame itti fayyadamuun daddarba. Yoo **mallattoowwan COVID-19 kamiyyuu** kan akka ho'a qaamaa, qufaa, hir'ina hargansuu fi harganuu dadhabuu yoo qabaattan, **maaloo Ministeera Fayyaa** karaa 0800721316 (tola); 0732353535; yookiin 0748592558 qajeelfamaaf qunnamaa.